Ibsa Walhubannoo THBO fii ABO

Sadaasa 11, 2011

Adda Bilisummaa Oromo (ABO/OLF) fi Tokkummaa Humnoota Bilisummaa Oromiyaa (THBO/ULFO)

Nuti dhabboleen lamaan ABO fii THBOn kan seenaa of danda'aa mata-mataa ofii qabnu, haallan keessa daddabarree har'a geenyees moyxannoo gurguddoon kan irraa horataman akka tahan bekkamaa dha. Seenaa qabsoo isaa keessatti haallan har'a irra gahaa jiran ka durii irraa ayinaa fi hammeenyaan fofokkatoo fi hamoo akka tahan Ummatni Oromoo gadda guddaattiin ilaalu.

Mootichi Habashaa Minilik impaayera dhiigaan diriirfatee, Oromoo fi ummatoota cunqurfamoo biraatiis humna qawweetiin bitaa akka ture ifaa dha. Koloniyaalistoonni Habashaa kanneen isa boodaan waldabraa dhufaniis, haaluma fakkaataa akkasiitiini Oromiyaa gabrummaa jalatti bulchaa turan. Diinni ar'aatiis masarraa Minilik handhuura Oromiyaa keessatti ijaarrate keeysa qubatee, biyya teenya akka jirutti dhaalee, maqaa dimookiraasiitin addunyaa fi Ummatoota biyyattii hanqa tokko gowwoomsee saaminsa, hacuuccaa fi ajeechaa gara-jabeenyaa Ummata Oromoo irraan gahaa jiraachuun isaa hubatamaa dha. Haala kana hubachuudhaan nuti THBO fii ABOn, humna, qabenyaa fi dandeeytii qabnu qindoominaan walitti luucceeysannee diinarratti bobbaasuuf walii gallee jirra. Sochii qindoominaan gaggeysuudhaan, umriin diina hamaa kanaa akka gabaabbatuuf dhaabboleen keenya lamaan, ABO fii THBOn, waan dandeenyu hundumaa gochuu irraa boodatti akka hin deebine irra deddeebinee mirkaneessina.

Akeekni Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa sirna kolooneeffataa mootummoota dhufee dabraa Habashaa, hundeedhaan buqqisuu dha. Ummanni Oromoo kaayoo bilisummaa tana galmaan gayuuf qabsoo gara hundaanuu itti fufa. Nuti, THBO fi ABOn qabsoo ummanni Oromoo bilisummaa fi kabajaa isaa deebifachuuf geggeeysu tana adda durummadhaan ummata waliin dhaabbatnee geggeeysuudhaaf waliigallee jirra.

Humnoota Habashaa keessaa ka dur sirna gabrummaa san tiksee, ittiin tajaajilamaa turee, boodarratti ammoo aangoorraa foqoluu mudate, aangoo irraa darbamuu isaatiif ar'a quba if nyaachaa jira. Tuutni Habashaa kan akkanatti aangoorraa darbame kuni bakka durattiitti deebi'ee mirga xixiqqoo ummanni Oromoo dhiiga isaatiin argate iyyuu harkaa dha'uuf tooftaalee adda addaa diriirsee irratti hojjechaa jira. Gara kaaniin, Habashoonni warra Wayyaneetiis, aangoo ar'a harka qaban tiyfachuuf humna, tooftaa fi shiraan tarkaanfachaa jiran. Humnoota Habashaa lamaaninuu, akkuma jaartiin, "lama na hin suufan" jette san, ofumaa hin dhama'inaa, isinitti dammaqnee jirraa jennaan.

Nuti THBO fii ABOn:

1. Sirni impaayera Habashaa diigamee, sabaa fi sab-lammoonni koloonii kana jala ganna dhibbaa fi nusatti lakkaa'amuuf bitamaa bubbulan, walabbummaa isaanii gonfachuurratti kaayoo fi ejjennaa tokko akka qabnu gammachuu guddaadhaan mirkanneessina.

2. Guutummaa Gaafa Afrikaa keeysatti nageenyi maay'ii dhufuu kan danda'u, Ummatni Oromoo fi ummatoonni biraa kanneen koloonii Habashaa jala jiran walabummaa isaanii yo gonfatan qofa akka tahe jabeessinee itti amanna.

3. Ar'a mooraan qabsoo Oromoo addaan faffacaatuu tahuun nama hundumaafuu ifaa dha. Rakkoolee moora qabsoo Oromoo dhiheenya kana addaan faffacaasan keessaa inni tokko jaarmayoonni siyaasaa Oromoo kaayoo fii ejjennoo ifaa taheen ummata Oromoo qaceelchuu dadhabuu dha. Nuti, THBO fii ABOn walaawwalii tokkoon maletti, kaayoo bilisummaa kani Oromoon ganama manaa baheef utubuu basaqqeeysatti mirkaneeysina.

4. Jaarmayoonni siyaasaa kanneen kaayoo fi ejjennoo asiin olitti tarreeyfamanitti amanan fii nam-tokkeen Oromoo hundinuu, kaayyoo ifaa tahe kana jalatti tumsa jabaa waliin jaarrannee humna, qabeenyaa fi dandeeytii teenya walitti fidannee, karaa barbaachisu hundumaan diina Ummata keenya bitaa jiru irraa kaasuun dhimma fardii tahuu isaa itti amanna.

5. Hariiroon jalqabamee jiru kun, dafee hojiirra oolee, guddachaa adeemee, dhaabboleen keenya lamaan, gara caasaa tokko waliin qabaatnee jala hiriiruutti akka tarkaanfannu gochuuf, karaa barbaachise hundumaanuu ni carraaqna.

6. Ummanni Oromoo sirna dimokraatawaa, sirna Gadaa jalatti walqixxummaan if bulchee, ifiif kabajamee, olloota isaatiis kabajee waliin bulaa ture. Ar'aas, sirna dimookiraatawaa akkasii ijaarratee biyya isaa keessa nagayaan, olla isaa wajjin immoo kabajaa fi jaalalaan jiraachuuf wanni isa dhibu akka hin jirre, diinaa fii fira hunda yaadachiisna.

7. Mootummaan Wayyaanee kan har'a aangoo irra jiru, mallattoo demookiraasii ofitti maxanfatee, mirga namoomaa sarbuudhaan adunyaa keessatti isa angafaa tahuu isaa saaxiluuf jabeessanee irratti hojjanna. Caalaatti ammoo, humnootni biyyoota lixaa, Wayaaneen gowwomfamuu irraa bilisoomanii, Impaayara keeysatti mirgi namoomaa dhiitamaa jiraachuu hubatanii, gargaarsi isaan Wayyaneef kennaniis gocha Wayyanee kana daran kan hammeeysu tahuu beekanii, haala mirga namoomaa wayyeeysuuf gargaarsa mootummaa Wayaaneef godhan akka dhaaban fii bakka kanaa Ummatoota akka Oromoo, kanneen mirga isaaniif falmatan cina akka dhaabatan yaadachiisuuf karaa dandeenyu hundumaanuu ni carraaqna.

8. Mootummaa Wayyaanee kan duguuginsa-shanyii gaggeeysaa jiru kanaaf gargaarsi gara mootummoota dhihaatiin godhamaa jiru dararama Ummatootaa daran cimsee, umirii cunqursitootaa akka dheeressu irra deebinee ibsina.

9. Mootummaan Wayaanee, ofii isaatii shororkeessituu isa angafaa tahee hojiin mul'isaa osoo jiruu, gurmuulee fi leexaan kanneen mirga ifiitiif qabsaa'an hundumaa maqaa shoorarkaa ja'u dharaan itti maxansee, nama hidhuu, "torture" godhuu fii nama ajjeesuu irraa akka dhaabbatu fi warri shira kanaan gowwomfaman hundinuu akka itti dammaqan yaadachiisna.

10. Mootummaan Wayyanee, qonnaan-bulaa Oromoo gumaa tokko malee, lafa isaanii irraa humnaan buqqisee, kubaanyoota gurguddoo fi dureessota adunyaatti lafa gurgurachaa jira. Ummata keenyaa fii ummatoonni cunqurfamoon biraa ammoo, lafa ifiif qotatanirraa ugguramanii, beela, dhukkuba, hiyyummaa fi ari'atamni guddaan irra gahaa jira. Wayyaaneen gocha kana kan gootu diinummaaf tahuu hubatanii, kubbaaniyyoonni isii waliin ummata keenya lafarraa buqqisaniis, gochi kuni daba mirga namoomaa irratti hojjatame tahuu beekanii, akka dalagaa farra namoomaa tanarraa dhaabbatan cimsanee akeekkachiisna. San gochuu baannan, Ummatni Oromoo mirga isaa deeffachuuf, akkuma Wayyaneerratti qabsaa'aa jiru, isaan irrattis qabsoo finiinsuuf akka jiraatu hubachiisna.

11. Ummatni keenya bikka bikkatti olola diina keessaa tiifi alaatiin irratti faca'aa jiruun hamileen isaa cabee, gara abdii kutannaatti akka hin tarkaanfanne, jabeessinee dhaammatna. Oromoon hamilee isaa ol kaasee, damboobee, diinarratti qabsaawuun umrii gabrummaa gabaabsuu akka dandayu mamiin tokkolleen akka hin jirre irra deebinee yaadachiisna.

12. Nuti ABO fii THBOn hariiroo nu gidduutti jabaachaa jiru kana daran jabeeysaa deemuudhaan waan saganteeyfanne hundas hatattamaan hujiitti jijjiiruuf karoora lafa keewwatnee ittiin bobba'uuf qophii tahuu keenya ni mirkaneeysina.

Ummatni keenyaas, tarkaanfii eeybifamaa THBO fi ABOn waliin fudhanne kana galmaan gahuurratti shoora guddaa taphachuu dandayan. Tokkummaa kaayoo kan nuti lamaan hordofnu kana ummatni keenyaas akka deeggaru fi bal'inaan akka qooda irraa fudhatu kabajaadhaan gaafanna.

Tokkummaan Humna ! Oromiyaan Ni-Bilisoomti !